Waggaa 17ffaa Lak……….148/2004
17ኛዓመት ቁጥር………..148/2004
17th Year No………..148/2012

Finfinnee……….Ebla 26 bara 2004
ፊንፊኔ…………….ሚያዚያ 26 2004
Finfine………………..4 May, 2012

# MAGALATA OROMIYAA
# መገለተ ኦሮሚያ
# MEGELETA OROMIA



| | | |
|---|---|---|
| **Gatii Tokkoo**____________<br>**ያንዱ ዋጋ**____________<br>**Unit Price**______________ | **To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin kan Bahe**<br>**በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ** | **Lakk S. Poostaa**_________<br>**ፖ.ሣ. ቁጥር**_________<br>**P.O.Box**_________ |



| | | |
|---|---|---|
| <u>Qabiyyee</u><br><u>Dambii Lak.148/2004</u><br>Dambii Bulchiinsa fi Ittifayyadama Ambulaansii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe | <u>ማውጫ</u><br><u>ደንብ ቁጥር 148/2004</u><br>የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት የአምቡላንስ አስተዳደር እና አጠቃቀምን ለመወሰን የወጣ ደንብ | <u>Content</u><br><u>Regulation No.148/2012</u><br>Regulation to Determine the Administration and Utilization of Ambulance of Oromia Regional State |
| <u>Dambii Lak.148/2004</u><br>Dambii Bulchiinsa fi Ittifayyadama Ambulaansii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe<br>Du'a haadholee fi daa'immanii akkasumas du'a balaa tasaatin muddatu hir'isuuf haadholee ulfaa gara dhaabbiee fayaatti geessuudhaan ogessa gahmumsa | <u>ደንብ ቁጥር 148/2004</u><br>የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት የአምቡላንስ አስተዳደር እና አጠቃቀምን ለመወሰን የወጣ ደንብ<br>የእናቶችና ሕፃናትን ሞት እንዲሁም በአደጋ ምክንያት የሚከሰትን ሞትን ለመቀነስ፣ | <u>Regulation No.148/2012</u><br>Regulation to Determine the Administration and Utilization of Ambulance of Oromia Regional State<br>WHEREAS, it is found necessary to have an ambulance so as to reduce death of mothers and children as well as deaths occurreddue to accidents; to |

| | | |
|---|---|---|
| qabuun tajaajila da’umsaa akka argatan gochuuf, ciniinisuu fi da’umsi humnaa ol ta’e dhaabata fayyaa tokkoo irraa gara dhaabata fayyaa biraatti geessudhaa haadholee ulfaa gargaarsa yaalaa akka argataniif Ambulaansiin barbaachisaa ta’ee waan argamee,<br>Hoggansaa fi Itti gaafatamummaa tajaajila ambulaansii haala gahuumsa qabuun akkaataa galma gahiinsa imaammata fayyaa keessattuu du’a haadholee fi daa’[immanii sababa tajaajila fayyaa fooyyee qabu dhaabuurraa ka’[u hambisuuf ambulaansiin gahuumsa akka bulchan qaamolee adda addaa angessuun barbaachisaa ta’ee waan argamee,<br>Bulchiinsa fi itti fayyadama ambulaansii Mootummaa qaamoleen mootummaa fi ummanni abummaan akka hordofuuf, ittifayyadamu gahee hojii fi aangoo qaamolee adda addaatif kenname seeraan murteessuun barbaachisaa ta’ee waan argamee,<br>Ambulaansiin tajaajila kennaa jiru sababa adda addaatin tajaajilaan ala yoo ta’u tajaajilli Ambulaansii calqabame akka addaan hin cinne hirmaannaa ummataatin bakka buusuun fi tajaajilli ambulaansii | ነፍሰጡር እናቶችን ወደ ጤና ተቋማት በማድረስ ብቁ በሆነ ባለሙያ የወሊድ አገልግሎት እንዲያገኙ ለማድረግ፣ ነፍሰጡር ሴቶች ከአቅም በላይ የሆነ የምጥ እና የወሊድ ችግር ሲያጋጥማቸው ከአንዱ የጤና ተቋም ወደ ሌላ የጤና ተቋም በውሰድ የጤና አገልግሎት እንዲያገኙ ለማድረግ አምቡላንስ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤<br><br>የአምቡላንስ አገልግሎት አስተዳደር እና ተጠያቂነትን ብቃት ባለው መንገድ የጤና ፖሊሲውን ከግብ ለማድረስ በሚያስችል ሁኔታ በተለይም የተሻለ የጤና አገልግሎት በማጣት የሚፈጠርን የእናቶችና ሕፃናት ሞትን ለማስቀረት አምቡላንስን በብቃት እንዲያስተዳድሩ የተለያዩ አካላትን ማብቃት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤<br><br>የመንግስት አምቡላንስ አስተዳደር እና አጠቃቀምን የመንግስት አካላት እና ህዝብ በአባትነት እንዲከታተሉና እንዲጠቀሙ፣ የስራ ድርሻ አና ለተለያዩ አካላት የተሰጠን ስልጣን በህግ መወሰን | bring pregnant mothers to health institutions and make them get delivery service by capable professionals; to take the mothers in serious labor and delivery from one health institution to the other and to make pregnant mothers get medical examination supports;<br>WHEREAS, it found necessary to empower various bodies so as to enable them administer ambulances effectively in accordance with the management and accountability of ambulance service and achievement of health policy especially in a way that help to reduce the deaths of mothers and children due to inaccessibility to better health treatments;<br>WHEREAS, it is found necessary to determine in laws the duties and power of various bodies so as to enable the administration and utilization of the government ambulances by the government bodies and the public to follow up and use them in sense of belongingness;<br>WHEREAS, it is found necessary to participate all sectors and government structures for the |

calqabame itti fufiinsa akka qabaatu seektaroonni fi caasaaleen mootummaa hunduu irratti hirmaachuun barbaachisaa ta'e waan argameef.

Akkaataa labsii lakk. 163/3003 kewwata 65(2) tin dambiin kanatti aanu bahee jira.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

   Dambiin kun "Dambii Bulchiinsaa fi Itti fayyadama Ambulaansii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf bahe Lakk.148/2004" jedhamee waamamuu ni danda'a

2. Hiika

   Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee dambii kana keessatti:

   1) "Biiroo" jechuun Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa ti,
   2) "Dhaabbata Fayyaa" jechuun Keellaa Fayyaa yookin Buufata Fayyaa yookin Hospitaala Mootummaa yookin dhuunfaa jechuu dha.
   3) "Ambulaansii" jechuun Konkolaataa tajaajilamaa mana yookin dhaabbata

አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

አገልግሎት በመስጠት ላይ ያለው አምቡላንስ በተለያየ ምክንያት ከአገልግሎት ውጪ ቢሆን የተጀመረው የአምቡላንስ አገልግሎት እንዳይቋረጥ በህብረተሰብ ተሳትፎ መተካት እና የተጀመረው የአምቡላንስ አገልግሎት ቀጣይነት እንዲኖረው ሁሉም ሴክቶሮች እና የመንግስት መዋቅሮች መሳተፋቸው አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

በአዋጅ ቁጥር 163/2003 አንቀፅ 65(2) መሠረት የሚከተው ደንብ አውጥቷል፡፡

## ክፍል አንድ
## አጠቃላይ ደንቦች

1. አጭር ርዕስ

   ይህ ደንብ"የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት የአምቡላንስ አስተዳደር እና አጠቃቀምን ለመወሰን የወጣ ደንብቁጥር 148/2004"ተብሎ ሊጠራ ይችላል፡፡

2. ትርጓሜ

   የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም ካላሰጠው በስተቀር በዚህ ደንብ

sustainability of ambulance service by the replacement of new ambulances through participation of the public where in service ambulances becomes out of service due to various reasons;

NOW, THEREFORE, in accordance with article 65(2) of proclamation No.163/2011, the following regulation is hereby issued.

## Part One
## General Provisions

1. Short Title

   This regulation may be cited as "Regulation to Determine the Administration and Utilization of Oromia Regional State Ambulances No.148/2012."

2. Definitions"

   Unless the context requires otherwise, in this regulation:

   1) "Bureau" means Oromia Health Bureau.
   2) "Health Institution" means Health Station or Health Centre or Government or private Hospital.
   3) "Ambulance" means a vehicle used for transportation of the

gessuu jechuu dha.

4) "Tajaajilamaa" jechuun haadholee ulfaa yookin da'umsa fi balaa tasaatin fi nama dukkubsatee tajaajila gaafatu kan biraa rakkoo fayyaa cimaan lubbuuf sadaachisu gara dhaabbata fayyaatti nama attatamaan geeffamu jechuu dha.
5) "Koree" jechuun koree kenniinsa tajaajila ambulaansii ol'aantummaan qindeessuu jechuu dha.
6) "Hojjataa Ambulaansii" jechuun konkoolaachisaa, ogeessa fayyaa gargaara duraa kennuu fi hojjataa biraa ambulaansii fi kutaa ambulaansii keessatti hojjatu jechuu dha.
7) "Tajaajila da'umsaa fi da'umsaan walqabatee" jechuun tajaajila rakkoo da'umsan duraa, yeroo da'umsaa fi da'umsa booda haadholeerra qaqqabuuf kennamu jechuudha.
8) "Balaa Tasaa" jechuun namaan yookin uumamaan balaa namarra qaqqabu jechuu dha.

3. Daangaa Raawwatiinsaa

ውስጥ:-

1) "ቢሮ" ማለት የኦሮሚያ ጤና ጥበቃ ቢሮ ነው።
2) "የጤና ተቋም"ማለት የጤና ኬላ ወይም ጤና ጣቢያ ወይም የመንግስት ወይም የግል ሆስፒታል ማለት ነው።
3) "አምቡላንስ"ማለት ተገልጋይን ከቤት ወይም ከጤና ተቋም ወይም ድንገተኛ አደጋ ከደረሰበት ቦታ ወደ ጤና ተቋም የሚያደረስ ተሽከርካሪ ማለት ነው።
4) "ተገልጋይ"ማለት ነፍሰጡር እናቶች ወይም በወሊድ እና በድንገተኛ አደጋ እና ታሞ አገልግሎት የሚጠይቅ ልላ ሰው በገጠመው ለሂወት የሚያሰጋ ከባድ የጤና ችግር በአስቸኳይ ወደ ጤና ተቋም መወሰደ ያለበት ሰው ማለት ነው።
5) "ኮሚቴ"ማለት የአምቡላንስ አገልግሎት በአሰጣጥን በበላይነት የሚያስተባብር ኮሚቴ ማለት ነው።

beneficiary from home or health institution or from place of accident to health institution.

4) "Beneficiary" means pregnant or delivering mothers and a person who accidentally injured and sick and other person requesting service being in risk of his life is taken to health institution quickly.
5) "Committee" means Committee that chiefly Coordinate ambulance service.
6) "Ambulance worker" means driver, health officer who gives first aid and works in ambulance section.
7) "Delivery and Delivery Related Service" means service provided for problems happen on mothers at pre delivery, during delivery and after delivery.
8) "Accident" means accident happen on a person by other person or naturally.

3. Scope of Application

Dambiin kun Ambulaansii Mootummaan Naannoo Oromiyaa ramaduu hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

Kutaa Lama
Aangoo fi Gahee Hojii Qaamolee Adda Addaa

4. Aangoo fi Gahee Hojii Biiroo

Aangoon fi gaheen hojii labsiidhan Biiroof kennamee akkuma eegameetti ta'ee.

1) Iddoo Ambulaansii hin argannee fi ambulaansii sababa adda addaatin tajaajilaan ala ta'an addaan baasudhaan haala itti argachuu danda'an Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeesa.
2) Hojjataa ambulaansiirra hojjatu tajaajila wal'aansa duraa kennuu akka danda'u ni leenjisa.
3) Sirna dabarsaa fi fuudhiinsa dhukkubsattootaa akkaataa qajeelfamaatin hojiirra akka oolu dhaabbilee fayyaa naannichaa hubbannoo akka argaaatanii fi deeggarsaa isaanirraa eegamu akka gumaachan ni taasisa,

6) "የአምቡላንስ ሠራተኛ"ማለት አሽከርካሪ፣ የመጀመሪያ እርዳታ የሚሰጥ የጤና ባለሞያ እና አምቡላንስና አምቡላንስ ክፍል ውስጥ የሚሰሩ ሌሎች ሰራተኞች ማለት ነው፡፡
7) "የወሊድ እና ከወሊድ ጋር ተያያዥነት ያላቸው አገልግሎቶች"ማለት በእናቶች ላይ ለሚደረስ የቅድመ ወሊድ፣ የወሊድ እና የድህረ ወሊድ ችግር የሚሰጥ አገልግሎት ማለት ነው፡፡
8) "ድንገተኛ አደጋ"ማለት በሰው ላይ የሚደርስ ሰው ሰራሽ ወይም የተፈጥሮ አደጋ ማለት ነው፡፡

3. የተፈጻሚነት ወሰን

ይህ ደንብ የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት በሚመድባቸው በሁሉም አምቡላንሶች ላይ ተፈፃሚነት ይኖረዋል፡፡

ክፍል ሁለት
የተለያዩ አካላት ሥልጣንና የስራ ድርሻ

This regulation shall be applicable on all ambulances assigned by Oromia Regional State.

Part Two
Power and Duties of Various Bodies

4. Power and Duties of the Bureau

Without prejudice to power and duties provided by proclamation to the Bureau it shall:

1) Identify the places that do not get ambulance services and those ambulances that become out of service due to various reasons and shall propose the means as to how they can get same to Oromia Regional State Administrative Council;
2) Train workers serving on ambulance on how to provide first aid service;
3) Make the health institutions of the region acquire awareness and provide the support expected from them so as to ensure the implementation of the transfer and admission

| | | |
|---|---|---|
| iddoo rakkinni jirutti tarkaaffii sirreessaa ni fudhata.<br>4) Gosaa fi haalluu uffata seeraa hojjataa ambulaansii nimurteessa, hojirra ni oolcha.<br>5) Meeshaafi qoricha adda addaa tajaajila wal'aansa duraantif oolan guutee ni dhiyeessa.<br>6) Itti fayyadamaa fi bulchiinsa Ambulaansiin walqabate hanqina jiru qorachuudhaan tarkaaffi sirreeffamaa ni fudhata.<br>7) Waajjira Eegumsa Fayyaa Aanaa yookin Magaalaa yookin dhaabbilee fayyaatif ambulaansii ni kenna, kaayyoo keennameef ooluu isaa ni mirkanneessa.<br>8) Ambulaansii sababa adda addaatin tajaajilaan ala ta'an galii dhimma kanaaf walitti qabameen yookiin bajata mootummaatin atattamaan bitamanii akka bakka bu'an ni taasisa.<br>9) Ambulaansiin tajaajila yaadameef ooluu isaa sirna hordoffii fi to'annaa ni dirirsa.iddoo hanqinni muddatettitarkaanffii | **4. የቢሮ ሥልጣንና የስራ ድርሻ**<br>**በአዋጅ ለቢሮ የተሰጡት ሥልጣንና የስራ ድርሻዎች እንደተጠበቁ ሆነው፡**<br>1) **አምቡላንስ ያላገኙና በተለያየ ምክንያት አምቡላንስ ከአገልግሎት ውጪ የሆነበት ቦታወችን በመለየት ሊያገኙ የሚችሉበትን ሁኔታ ለክልሉ መስተዳደር ምክር ቤት ያቀርባል፡፡**<br>2) **በአምቡላንስ ላይ የሚሰራን ሰራተኛ የመጀመሪያ እርዳታ መስጠት እንዲችል ያሰለጥናል፡፡**<br>3) **የታካሚዎችን ማስተላለፊያና መቀበያ ሥርዓት በመመሪያ መሠረት ስራ ላይ እንዲውል ለማድረግ የክልሉ የጤና ተቋማት ግንዛቤ እንዲያገኙ እና የሚጠበቅባቸውን ድጋፍ እንዲወጡ ያደርጋል፣ ጉድለት ባለበት ቦታዎች ላይ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፡፡** | system of patients in accordance with the directive; take corrective measure where there exist problem;<br>4) Decide the type and color of uniforms of ambulance workers; implement same;<br>5) Fully provide various materials and drugs used for first aid service;<br>6) Study limitations that exist in relation with utilization and administration of ambulance and take corrective measure;<br>7) Provide ambulances for District or City Administration health offices or for health institutions; ensure as it is used for the objective intended;<br>8) Cause the ambulances that become out of service due to various reasons by money collected for this purpose or by Government budget to be quickly replaced through purchase; |

sirreeffamaa ni fudhata,ni fudhachiisa.

10) Ummannii naannichaatajaajila ambulaansi hubatee akka itti fayyadamuuf gumaacha isarraa eggamu akka bahuu danda'u miidiyaa adda addaatiin fayyadamuudhaan hubannoo ni uuma, hubanoon akka uummamu ni taasisa.

11) Hojimaata hojjataan ambulaansii ittiin hojjatu ni diriirsa, hojiirra ooluu isaa ni to'ata, iddoo hanqinni jirutti tarkaaffii sirreeffamaa ni fudhata.

5. Aangoo fi Gahee Hojii Waajjira Eegumsa Fayyaa Godinaa

1) Aanaalee isa jala jiranwaliin ta'uudhaan hawaasa, dhaabbilee mootummaa fi mitti mootummaa hirmachisuudhaan tajaajillii ambulaasii akka milkaa'u deegarsa walirraa hin cinnee akka gumaachan ni qindeessa.

2) Aanaalee isa jala jiran ambulaansii hin argannee fi ambulaansii sababa adda addaatiin tajaajilaan ala

4) የአምቡላንስ ሰራተኛን ዩኒፎርም አይነት እና ቀለም ወስናል፣ ስራ ላይ ያውላል፡፡

5) ለመጀመሪያ የህክምና እርዳታ የሚያገለግሉ የተለያዩ እቃዎችን እና መድኃኒቶችን አሟልቶ ያቀርባል፡፡

6) ከአምቡላንስ አስተዳደር እና አጠቃቀም ጋር በተያያዘ ያሉ ችግሮችን በማጥናት የእርምት እርምጃ ይወስዳል፡፡

7) ለወረዳ ወይም ለከተማ ጤና ቢሮ ወይም ለጤና ተቋማት አምቡላንስ ይሰጣል፤ ለታቀደው ዓላማ መዋላቸውን ያረጋግጣል፡፡

8) በተለያየ ምክንያት ከአገልግሎት ውጪ የሆኑ አምቡላንሶችን ለዚሁ ዓላማ ከተሰበሰበው ገቢ ወይም በመንግስት ባጀት በአፋጣኝ ተገዝተው እንዲተኩ ያደርጋል፡፡

9) አምቡላንሱ ለተፈቀደለት አላማ መዋሉ የቁጥጥር እና የክትትል ስርዓት ይዘረጋል፤ ጉድለት ባጋጠመበት ቦታዎች ላይ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤ ያስውስዳል፡፡

10) የክልሉ ህዝብ የአምቡላንስ

9) Establish a follow up and control system of ambulance service to be used for the intended objective; take or cause to be taken corrective measure where there exist problem;

10) Create awareness; cause the creation of awareness about ambulance using various media so as to enable the people of the region understand the ambulance service and use same and discharge the contribution expected from it;

11) Establish work procedure of ambulance workers; control its implementation; take corrective measure where there exist problems.

5. Power and Duties of Zonal Health Office

1) Being together with the Districts under it, coordinate through participating the community, governmental and non-

ta'an addaan basuudhaan haala ittiargachuu danda'an biiroof ni dhiyeessa.

3) Rakkina ittifayyadamaa fi Bulchiinsa Ambulaasitiin walqabatee jiru qorachuudhaan bulchiinsa aanaa wajjin ta'uudhan tarkaaffii sirreeffama ni fudhata, humnaa ol yoo ta'e biiroof dhiyeessee tarkaaffiin akka fudhatamu ni taasisa.
4) Ambulaansichikaayyoo kennameef qofa ooluu isaa ni mirkaneessa,ni too'ata iddoo hanqinni muddateettitarkaaffiisirreeffamaa ni fudhata,ni fudhachiisa,
5) Ummannii Godinichaatajaajila ambulaansiin kennu hubatee akka itti fayyadamuu fi gumaacha isarraa eegamu akka bahuu danda'u hubannoo ni kenna. Akka kennamus nitaasisa.
6) Hojimaatni hojjattoota ambulaansii ittiin hojjatan hojii irra ooluu isaani to'ata,iddoo hanqinni jirutti tarkaaffii sirreeffamaa ni fudhata yookin ni fudhachiisa.

አገልግሎትን ተገንዝቦ እንዲገለገልበትና ከዕርሱ የሚጠበቀውን አስተዋፆ መወጣት እንዲችል በተለያየ ሚዲያ በመጠቀም ግንዛቤ ይፈጥራል፣ ግንዛቤ እንዲፈጠር ያደርጋል፡፡

11) የአምቡላንስ ሰራተኛ የሚሰራበትን አሰራር ይዘረጋል፤ ስራ ላይ መዋሉን ይቆጣጠራል፤ ጉድለት ባለበት ቦታ ላይ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፡፡

5. **የዞን ጤና ጥበቃ ጽህፈት ቤት ስልጣንና የስራ ድርሻ**

1) በስሩ ካሉ ወረዳወች ጋር በመሆን ህበረተሰቡን፣ መንግስታዊ ተቋማትን እና መንግስታዊ ያልሆኑ ተቋማትን በማሳተፍ የአምቡላንስ አገልግሎት እንዲሳካ ያለተቋረጠ ድጋፋቸውን እንዲወጡ ያስተባብራል፡፡
2) በስሩ ካሉ ወረዳወች ውስጥ አምቡላንስ ያላገኙ እና በተለያየ ምክንያት አምቡላንስ ከአገልግሎት ውጪ የሆኑባቸውን ቦታወች በመለየት ሊያገኙ የሚችልባቸውን ሁኔታ ለቢሮ ያቀርባል፡፡
3) በአምቡላንስ አጠቃቀም እና አስተዳደር ዙሪያ ያሉ ችግሮችን በማጥናት ከወረዳ አስተዳደር ጋር በመሆን

governmental organizations to enable them support consistently for the success of ambulance service;

2) Identify the ambulances that become out of service due to various reasons and the Districts under it that do not get ambulances and submit as how they can get it to the Bureau;
3) Shall study about the problems related to the usage and administration of ambulance service and take corrective measure in collaboration with the District Administration; submit the problem that become beyond its capacity to the Bureau for corrective measure to be taken;
4) Ensure that the ambulance be used only for the objective it is provided; control; take; cause to be taken corrective measure where there encountered

7) Ambulaansiin tajaajilaan ala yoo ta'e maallaqni ummanni walitti qabatee gahaa yoo hin ta'ini baajatni mootummaa itti dabalamee ambulaansiin bira akka bitamu biiroof ni gabaasa.

Kutaa Tokko
Tumaalee Waliigalaa

6. Aangoo fi Gahee Hojii Waajjira Eegumsa Fayyaa Aanaa

1) Kutaa tajaajila bilbila waamicha Ambulaansiitiif oolu kophaatti ni qopheesa.
2) Hojjatoota tajaajila ambulaansiitiif barbaachisan akka seeraatti ni qacara.
3) Hojjattoota ergaa bilbilaa fudhatanii ambulaansii bobbaasan dabareedhan ni ramada,raawwii hojii isaanii ni hordofa, iddoo rakkinii jirutti tarkaaffii sirreeffamaa ni fudhata.
4) Waajjiraaleen mootummaa fi caasaaleen gandaa, dhaabbilee fayyaa bilbila tajaajila ambulaansii ittiin argachuu danda'an ni beeksisaa,
5) Baajata hojii raawwachiiftuu , uffata

የእርምት እርምጃ ይወስዳል፣ ችግሩ ከአቅም በላይ ከሆነ ለቢሮ አቅርቦ እርምጃ እንዲወሰድ ይደረጋል፡፡

4) አምቡላንሱ ለተፈቀደለት ዓላማ ብቻ መዋሉን ያረጋግጣል፤ ይቆጣጠራል፤ ጉድለት በታየበት ቦታ የእርምት እርምጃ ይወስዳል፣ ያስወስዳል፡፡
5) የዞኑ ነዋሪዎች አምቡላንስ የሚሰጠውን አገልግሎት ተገንዝበው እንዲገለገሉበት እና ከነርሱ ሚጠበቀውን አስተዋፆ መወጣት እንዲችሉ ግንዛቤ ይሰጣል፤ እንዲሰጥም ያደርጋል፡፡
6) የአምቡላንስ ሠራተኞች የሚሰሩበት የአሰራር ሂደት በሥራ ላይ መዋሉን ይቆጣጠራል፤ ጉድለት በታየበት ቦታ የእርምት እርምጃ ይወስዳል ወይም ያስወስዳል፡፡
7) አምቡላንሱ ከአገልግሎት ውጪ ከሆነና ከህዝብ የተሰበሰበው ገንዘብ በቂ ካልሆነ ከመንግስት ባጀት ተጨምሮበት ሌላ የአምቡላንስ እንዲገዛ ለቢሮው ሪፖርት ያደርጋል፡፡

6. የወረዳ የጤና ጥበቃ ጽህፈት ቤት ስልጣንና የስራ ድርሻ

1) ለአምቡላንስ የስልክ ጥሪ አገልግሎት የሚውል ክፍል

shortcomings;

5) Provide awareness raising about the use that ambulance provides to the people of the Zone to enable them understand about ambulance service and utilize same and contribute its share;
6) Control the implementation of working procedure of the ambulance workers; take or cause to be taken corrective measures where there exist shortcomings;
7) Report to the Bureau for the purchase of another ambulance with additional government budget where an ambulance becomes out of service and the money collected from the people is not sufficient.

6. Power and Duties of District Health Office

1) Shall prepare a special room to be used for ambulance service call center;
2) Shall employ the

| | | |
|---|---|---|
| seeraa, suphaa, boba'aa, dibataa, haara'oomsaa, bilvilaa fi kan kan fakkaatan tajaajila ambulaansiif oolu akka ramadu Waajjira Mallaqaa fi Misooma Dinagdeetiif Aanaatiif ni dhiyeessa,<br>6) Ambulaansiin yeroo isaa eggatee tajaajila haara'oomsaa fi suphaa akka argatuu ni taasisa.<br>7) Ambulaasiicha akka seeraatti inshuraansii ni galchaa<br>8) Ambulaansichi tajaajila murtaa'een ala tajaajila biraa kan kennee ta'u isaa ragaa qabatamaa hawwaasa irraa yookiin poolisii yookiin qaama biraa irraa dhiyaatu irratti hundaa'uudhaan tarkaaffii sirreeffamaa ni fudhata, akka fudhatamuni taasisa.<br>9) Hojjataan ambulaansii gocha seeraan dhoorkame raawwataii yoo argaman tarkaanfii ni fudhata.<br>10) Galii madda adda addaarraa fi tajaajila ambulaansiirraa argamu walitti qabamee akkaawuntii baankii | ያዘጋጃል፡፡<br>2) ለአምቡላንስ አገልግሎት የሚያስፈላጉ ሠራተኞችን በህጉ መሠረት ይቀጥራል፡፡<br>3) የስልክ መልክት በመቀበል አምቡላንስን የሚያሰማሩ ሰራተኞች በተራ ይመድባል፤ የስራ አፈፃፀማቸውን ይቆጣጠራል፤ ችግር በለበት ቦታ ላይ የእርምት እርምጃ ይወስዳል፡፡<br>4) የመንግሥት መሥሪያ ቤቶች እና የቀበሌ መዋቅሮች፣ የጤና ተቋማት የአምቡላንስ አገልግሎትን ማግኘት የሚችሉበትን ስልክ ያስታውቃል፡፡<br>5) ለሥራ ማስፈፀሚያ የሚውል ባጀት፣ ለደንብ ልብስ፣ ለጥገና፣ ለነዳጅ፣ ለዘይት፣ ለእድሳት፣ ለስልክ እና የመሳሰሉትን ለአምቡላንስ አገልግሎት የሚውል ባጀት እንዲመድብ ለወረዳው ገንዘብ እና ኢኮኖሚ ልማት ጽህፈት ቤት የቀረባል፡፡<br>6) አምቡላንስ በወቅቱ የእድሳትና የጥገና አገልግሎት እንዲያገኝ ያደርጋል፡፡<br>7) አምቡላንሱን በህጉ መሰረት ኢንሹራንስ ያስገባል፡፡<br>8) አምቡላንሱ ከተወሰነለት አገልግሎት ውጪ ሌላ አገልግሎት የሚሰጥ | workers necessary for ambulance service in accordance with the law;<br>3) Shall assign workers who receive phone calls and deploy ambulances in shifts; follow up their work performances; take corrective measure where there exist limitation;<br>4) Shall notify Government offices and kebele structures and health institutions as to how they get ambulance service phone numbers;<br>5) Shall submit plan to the District finance and economic development office requesting the budget allocation for work performance, uniform, maintenance, fuel, polish, renewal, phone and the likes to be used for the ambulance service;<br>6) Shall make the ambulance to get maintenance service on time;<br>7) Cause the ambulance get insurance coverage in |

addaatti banameetti galii ta'uu isaa ni mirkaneeffata.

11) Ambulaansiin yeroo tajaajila kennuun ala mooraa waajjira Eegumsa Fayyaa Aanaa keessaa qofa akka dhaabbatu ni taasisa.

12) Ambulaansiin tajaajilaan ala yoo ta'e maallaqni ummanni walitti qabatee gahaa yoo hin ta'ini baajatnni mootummaa itti dabalamee ambulaasiin bira akka bitamu godinaaf yookiin biiroof ni gabaasa.

7. Aangoo fi Gahee Hojii Waajjira Bulchiinsa Aanaa

1) Koren gahee hojii isaa bahuu isaa ni hordofa, iddoo hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata.

2) Koreen gabaasa akka dhiyeessu ni taasisa, gabaasicha ni xinxala,tarkaaffii sirreeffamaas ni fudhata.

3) Baajata hojii raawwachiiftuu, uffata seeraa,suphaa,boba'aa,dibat aa,haara'oomsa, bilbilaa fi kan kana fakkaatan tajaajila ambulaansiif oolu akka ramadamu taasisuuf

ስለመሆኑ ከማኅበረሰብ ወይም ከፖሊስ ወይም ከሌላ አካላት በሚቀርብ ተጨባጭ ማስረጃዎች ላይ ተመርኩዞ የእርምት እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድም ያደርጋል፡፡

9) የአምቡላንስ ሠራተኞች በሕግ የተከለከለን ተግባር ፈጽመው ከተገኙ እርምጃ ይወስዳል፡፡

10) ከተለያዩ የገቢ ምንጮች እና ከአምቡላንስ አገልግሎት ላይ የተሰበሰበው ገቢ ለዚሁ አገልግሎት በተከፈተ ልዩ የባንክ ሂሳብ ቁጥር ውስት ገቢ መሆኑን ያረጋግጣል፡፡

11) አምቡላንስን አገልግሎት ላይ ካልሆነ በስተቀር በወረዳው የጤና ጥበቃ ጽህፈት ቤት ውስጥ ብቻ እንዲቆም ያደርጋል፡፡

12) አምቡላንሱ ከአገልግሎት ውጪ ከሆነና ከህዝብ የተሰበሰበው ገንዘብ በቂ ካልሆነ ከመንግስት ባጀት ተጨምሮበት ሌላ የአምቡላንስ እንዲገዛ ለዞን ወይም ለቢሮው ያሳውቃል፡፡

7. የወረዳ አስተተዳደር ጽህፈት ቤት ስልጣንና የስራ ድርሻ

1) ኮሚቴው የሥራ ድርሻውን መወጣቱን ይከታተላል፤ጉድለት ባለበት ቦታ የእርምት እርምጃ ይወስዳል፡፡

2) ኮሚቴው ሪፖርት

accordance with the law;

8) Shall take or cause to be taken corrective measure depending on tangible evidences submitted from the society or police or other bodies proving that the ambulance has provided service other than those decided for it;

9) Shall take corrective measure on ambulance workers where they are found to commit illegal acts;

10) Shall ensure that the income collected from various sources and from ambulance service to be collected and deposited in to the special bank account number opened for such purpose;

11) Shall make the ambulance to be parked only in the compound of the District health office when it is not on service;

12) Shall report to the Bureau or Zone the ambulance that become out of service to buy

dirqama qaba.

4) Hojjataan ambulaansii qaxaramuu isaa ni mirkaneeffata, baajata ni qabsiisa,
5) Ambulaansiin ramadame tajaajila biraa akka hin kennine ni too'ata;tarkaaffii barbaachisaa ta'e ni fudhata,waajjira Egumsa Fayyaa Aanaatiif deeggarsa barbaachisaa ni kenna.

8. Aangoo fi Gahee Hojii Waajjira Bulchiinsa Aanaa
   1) Galii ambulaansii madda adda addarraa walitti qabameef akkawuntii adda ni bana,akkaataa dambii kanaatin yoo murtaa'e akka hojiirra oolu akkaawuntii ni sochoosa.
   2) Galiin tajaajila ambulaansiitif oolu akkaataa seera faayinaansiitin walitti qabamuu fi hojjii irra ooluu isaa ni too'ata dogoggorri yoo umamee tarkaaffii sirreeffamaa ni fudhata.
   3) Baajata gahaan tajaajila Ambulaansiitif akka ramadamu taasisuuf dirqama qaba.
9. Aangoo fi Gahee Hojii Waajjira

እንዲያቀርብ ያደርጋል፤ ሪፖርቱን ይተነትናል፤ የማስተካከያ እርምጃም ይወስዳል፡፡

3) ለሥራ ማስፈፀሚያ የሚውል ባጀት፣ ለደንብ ልብስ፣ ለጥገና፣ ለነዳጅ፣ ለዘይት፣ ለእድሳት፣ ለስልክ እና የመሳሰሉትን ለአምቡላንስ አገልግሎት የሚውል ባጀት እንዲመድብ የማድረግ ግዴታ አለበት፡፡
4) የአምቡላንስ ሰራተኛ መቀጠራቸውን ያረጋግጣል፤ ባጀት ያስይዛል፡፡
5) የተመደበው አምቡላንስ ሌላ አገልግሎት እንዳይሰጥ ይቆጣጠራል፤ አስፈላጊውን እርምጃ የወስዳል፤ ለወረዳው የጤና ቢሮ አስፈላጊውን ድጋፍ ደርጋል፡፡
6) ከተለያዩ ምንጮች የሚገኙ ገቢዎች ላይ ያቅዳል ይሰራል፤ የተሰበሰበው ገቢ ለዚሁ አላማ በተከፈተ የሂሳብ ቁጥር ውስጥ ገቢ መሆኑን ይቆጣጠራል፡፡

8. የወረዳ ገንዘብ እና ኢኮኖሚ ልማት ጽህፈት ቤት ስልጣንና የስራ ድርሻ
   1) ከተለያዩ ምንጮች ለተሰበሰበው የአምቡላንስ ገቢ ልዩ የሂሳብ ቁጥር ይከፍታ፤ በዚህ ደንብ መሰረት ከተወሰነ ስራ ላይ

another ambulance with the additional government budget where the money collected from the people is not sufficient.

7. Power and Duties of District Administration office
   1) Shall follow up the performance of the committee; take corrective measure where there exist shortcomings;
   2) Shall make the committee to present report; review the report; and take corrective measure;
   3) Shall make the allocation budget for work performance, uniform, maintenance, fuel, polish, renewal, phone and the likes to be used for ambulance service;
   4) Ensure the employment of ambulance workers; cause the allocation of budget;
   5) Shall control the ambulance not to provide another service; take necessary corrective

| | | |
|---|---|---|
| Bulchiinsa Aanaa<br>1) Galmee dhimma kanaaf qopha'ee irratti waamicha bilbilaa ni fuudha, eenyu , essa,sa'ati meeqatti akka bilbilame ni galmeessa,atattamaan ambulaansii bobbaasee hanga deebi'utti ni hordofa.<br>2) Akkaa hojimaataatti tajaajila ambulaansii ni kenna.<br>3) Tajaajilamaa hundaa loogii malee walqixxummaa fi aantummaan tajaajila ni kenna.<br>4) Tajaajiilamaa gargaaruuf nama lamaa ol ambulaansiitti fe'uu hin qabu.<br>5) Yeroo hojii uffata seeraa ufachuu qaba.<br>6) Ambulaansiirratti tajaajilamaa hayyamameefin ala tajaajila geejjibaa kennu yookiin ajajaan fe'uun akka hin hayyamamne tajaajilamittootaf ni beeksisa.<br>7) Nageenyummaa Amulaansii ni eega, yeroo isaa eeggatee sarviisii akka ta'u ni taasisa. | እንዲውል የሂሳብ ቁጥሩን ያንቀሳቅሳል፡፡<br>2) ለአምቡላንስ አገልግሎት የተሰበሰበ ገቢን በፋይናንስ ህግ መሰረት መሰብሰቡን እና ስራ ላይ መዋሉን ይቆጣጠራል፤ ስህተት ከተፈፀመ የእርምት እርምጃ ይወስዳል፡፡<br>3) ለአምቡላንስ አገልግሎት በቂ በጀት እንዲመደብ የማድረግ ግዴታ አለበት፡፡<br>9. የአምቡላንስ ሰራተኛ የስራ ድርሻ<br>1) ለዚህ ጉዳይ በተዘጋጀ መዝገብ ላይ የስልክ ጥሪ ይቀበላል፤ ማንንቱን፣ የት እንደሆነና የተደወለበትን ሰዓት ይመዘግባል፣ በፍጥነት አምቡላንስ በማሰማራት እስኪመለስ ድረስ ይከታተላል፡፡<br>2) በአሰራሩ መሰረት የአምቡላንስ አገልግሎት ይሰጣል፡፡<br>3) ለሁሉም ተገልጋይ ያለ አድሎ በእኩልነት እና በወገንተኝነት አገልግሎት ይሰጣል፡፡<br>4) ተገልጋይን ለመርዳት ሲባል ከሁለት ሰው በላይ በአምቡላንስ መጫን የለበትም፡፡<br>5) በስራ ሰዓት ላይ ህጋዊ ዩኒፎርር መልበስ አለበት፡፡<br>6) በአምቡላንሱ ላይ ከተፈቀደለት ተገልጋይ | measures; give necessary supports to District health office;<br>6) Shall plan and work on the budget obtained from various sources; control the income collected to be deposited in to the special account opened for this purpose;<br>8. Power and Duties of District Finance and Economic Development Office<br>1) Shall open special account for the income of ambulances collected from various sources; run such account to be implemented where it is approved in accordance of this regulation;<br>2) Shall control the income collected for ambulance service to be collected and implemented in accordance with finance law; take corrective measure where there occur problem;<br>3) Shall allocate sufficient budget to be used for the ambulance service;<br>9. Power and Duties of Ambulance Worker |

8) Meeshaalee fi qorcha tajaajilamaaf barbaachisu qophesee qulqullinaan ni qaba.

10. Gahee Hojii Poolisii Traafikaa yookiin too'ataa Geejjibaa

1) Tajaajilamaan ala Ambulaansiin namaa fi meeshaa fe'ee jira jedhee yoo shake sakatta'uu ni danda'a,
2) Tajaajila da'umsaa fi da'umsaan walqabatee, balaa taasaatiin fi dhibamaa tajaajila gaafateen ala namni yookiin qaamni kamiyyuu akka itti hin fayyadamne ni too'ata, ittifayyadamanii yoo arge gabaasa waajjira Eegumsa Fayyaa Aanaatiif ni dhiyeessa.

11. Hundeeffama fi Ittiwaamama Koree

1) Koree keniinsa tajaajila ambulaansii kanaan booda "Koree" jedhamee kan waamamu dambii kanaan hundeeffamee jira.
2) Itti waamamni kore

ውጪ የትራንስፖርት አገልግሎት መስጠት ወይም በትዕዛዝ መጫን እንደማይፈቀድ ለተገልጋዮች ያሳውቃል፡፡

7) የአምቡላንስ ደህንነት ይጠበቃል፤ ጊዜውን ጠብቆ ሰርቪስ እንዲሆን ያስደርጋል፡፡
8) ለተገልጋይ የሚያስፈልጉ ዕቃዎችን እና መድሃኒቶችን አዘጋጅቶ በጥራት ይይዛል፡፡

10. የትራፊክ ፖሊስ ወይም የትራንስፖርት ተቆጣጣሪ የስራ ድርሻ

1) ከተገልጋዩ ውጪ አምቡላንሱ ሰዎችን እና ዕቃዎችን ጭኗል ብሎ ከጠረጠረ ለመፈተሽ ይችላል፡፡
2) ነፍሰጡር እናቶች ወይም በወሊድ እና በድንገተኛ አደጋ እና ታሞ አገልግሎት የሚጠይቅ ልላ ሰው በገጠመው ለሂወት የሚያሰጋ ከባድ የጤና ችግር በአስቸኳይ ወደ ጤና ተቋም መወሰደ
3) ከቅድመ ወሊድ እና ከወሊደ ጋር የተያያዙ አገልግሎቶች፣ በድንገተኛ አደጋ እና ታሞ አገልግሎት ከሚጠይቅ ሰው ውጪ ማንኛውም ሰው ወይም አካል እንዳይገለገልበት የቆጣጠራል፤

1) Shall receive telephone call on the registry book prepared for this purpose; register as to who has phoned, from where, and at what time it is phoned; send ambulance quickly and follow up it until it is returned;
2) Shall provide ambulance service in accordance with the existing practice;
3) Shall provide all services impartially and honestly;
4) Shall not carry more than 2 persons to help the customer;
5) Shall wear uniform at all working hours;
6) Shall notify the customers that it is not allowed to load persons other than the permitted ones or to load by order;
7) Shall protect safety of the ambulance; make it to be serviced on time;
8) Shall make ready and keep the materials and drugs necessary for the customers cleanly;

10. Duties of Traffic Police or

waajjira bulchiinsa aanaatiif ta'a.

12.Miseensoota Kooree

1) Itti Gaafatamaan Waajjira Eegumsa Fayyaa Aanaa-------------------- Walitti qaba
2) Itti gaafatamaan Waajjira Bulchiinsa Aanaa-------------------------Miseensa
3) Af-yaa'ii Mana Maree Aanaa-------------------------------------- Miseensa
4) Itti gaafatamaan Waajjira Dhimma Dubartootaa fi Daa'imani------Miseensa
5) Itti gaafatamaan Waajjira Mallaqaa fi Misooma Dinagdee---------- Miseensa
6) Itti gaafatamaan Waajjira Barnoota Aanaa-------------------------Miseensa
7) Itti gaafatamaan Waajjira Ejansii Geejjibaa Aanaa-- --------------- Miseensa
8) Qindeessaa Hojii Kutaa Ambulaansii ------------- ----------Sagale malee barreessaa

ተጠቅመውበት ካየ ለወረዳው ጥና ጥበቃ ጽህፈት ቤት ሪፖረት ያቀርባል፡፡

11.የኮሚቴ መቋቋም እና ተጠሪነት

1) የአምቡላንስ አገልግሎት አሰጣት ኮሚቴ ከዚህ በኋላ "ኮሚቴ" እየተባለ የሚጠራው በዚህ ደንብ ተቋቁሟል፡፡
2) ኮሚቴውተጠሪነቱ ለወረዳው አስተዳደር ጽህፈት ቤት ይሆናል፡፡

12.የኮሚቴው አባላት

1) የወረዳው ጤና ጥበቃ ጽህፈት ቤት ኃላፊ ............................... ሰብሳቢ
2) የወረዳው አስተዳደር ጽህፈት ቤት ኃላፊ ................................. አባል
3) የወረዳው ምክር ቤት አፈ-ጉባኤ ........................................ ...... አባል
4) የሴቶችና የህጻናት ጉዳዮች ጽህፈት ቤት ኃላፊ........................... አባል
5) የገንዘብና ኢኮኖሚ ልማት ጽህፈት ቤት ኃላፊ ....................... አባል
6) የወረዳው ትምህርት ጽህፈት ቤት ኃላፊ................................

Transport Controller

1) May search the ambulance where he suspects that it has loaded persons and goods except the service receiver;
2) Shall control the ambulance not to be used by any person or body except in cases of accident and injured person requesting the service in relation with delivery and delivery related services; reports to the district health office where he finds that they have utilized it.

11. Establishment and Accountability of the Committee

1) Ambulance service providing committee hereinafter called "committee" is established by this regulation;
2) Accountability of the committee shall be to the District Administration Office.

12. Members of the committee

| | | |
|---|---|---|
| 13.Miseensoota Kooree<br>1) Karoora fi tarsoomoo galiin tajaajila ambulaansii oolu ittiin walitti qabamu ni baasa,hojirra akka oolu ni taasisa,<br>2) Hawaasni tajaajila ambulaansii irratti hubannoo akka argatu ni hojjata,<br>3) Komii ummatarraa dhiyaatu xinxaluudhaan akka foyya'uu yaada murtii waajjira bulchiinsa Aanaaf ni dhiyeessa.<br>4) Galii tajaajila ambulaansitiif oolu madda adda addaarraa fi hawaasa hirmaachisuun akka walitti qabamu haala ni mijeessa.<br>5) Galiin walitti qabamu akkaawuntii baankii dhimma kanaaf banamuutti galuu isaa nimirkaneessa.<br>6) Ambulaansii hojiirra jiru tajaajilaan ala yoo ta'e mallaqa walitti qabameen | ...... አባል<br>7) የወረዳው የትራንስፖርት ኤጀንሲ ኃላፊ................................ ...... አባል<br>8) የአምቡላንስ ክፍል ሥራ አስተባባሪ .................................. ያለ ድምፅ ፀሐፊ<br>13.የኮሚቴው የሥራ ድርሻና ተጠያቂነት<br>1) ለአምቡላንስ አገልግሎት የሚውል ገቢ በሚሰበሰብበትን እቅድ እና ስትራቴጂ ያወጣል፤ ስራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፡፡<br>2) በአምቡላንስ አገልግሎት ላይ ህብረተሰቡ ግንዛቤ እንዲያገኝ ይሰራል፡፡<br>3) ከሕዝቡ የሚቀረቡ ቅሬታዎችን በመተንተን እንዲሻሻሉ ከውሳኔ ሃሳብ ጋር ለወረዳው አስተዳደር ጽህፈት ቤት ያቀርባል፡፡<br>4) ለአምቡላንስ አገልግሎት የሚውል ገቢን ከተለያዩ ምንጮችና ህብረተሰቡን በመሳተፍ እንዲሰበሰብ | 1) Head of District Health Office............................... ....................................... chair person;<br>2) Head of District Administration Office............................... ................................. member;<br>3) Speaker of the District Council............................ ...........………………… …….. member;<br>4) Head of Women and Children's Affairs Office............................... ...................... member;<br>5) Head of Finance and Economic Development Office............................... ..............member;<br>6) Head of Education Office of the District............................. ................................. member;<br>7) Head of Transport Agency of the District............................. ............................... member;<br>8) Coordinator of the Ambulance Section............................. |

yookin baajata mootummaan ramadameen kan biraa akka bitamu waajjira Bulchaa Aanaatiif yaada ni dhiyeessa.

Kutaa Sadii

Galiin walitti qabamuu fi Itti fayyadamuu

14.Madda Galii

Madda Galii

1) Galii tajaajila ambulaansiirraa,
2) Baajata Mootummaan ramadamurraa
3) Buusii hawaasa naannoorraa,
4) Kennaa fi deeggarsa adda addaarraa, fi
5) Madda galii biraa kan kana fakkaatan irraa kan argamu ta'a.

15.Galii Walitti qabamu

1) Galiin tajaajila ambulaansitif walitti qabamu akkata seera faayinaasii mootummaatiin kan raawwatamu ta'a.
2) Galiin walitti qabame

ሁኔታወችን ያመቻቻል፡፡

5) የሚሰበሰበው ገቢ ለዚሁ ጉዳይ ተብሎ በተከፈተ የባንክ ሂሳብ ውስጥ ገቢ መሆኑን ያረጋግጣል፡፡
6) በስራ ላይ ያለው አምቡላንስ ከአገልግሎት ውጪ ከሆነ ከህዝብ ከተሰበሰበው ገንዘብ ወይም በመንግስት ከተመደበው ባጀት ሌላ እንዲገዛ ለወረዳው አስተዳደር ጸህፈት ቤት ሃሳብ ያቀርባል፡፡

ክፍል ሶስት

ገቢን መሰብሰብ እና መጠቀም

14.የገቢ ምንጭ

የገቢ ምንጭ:

1) ከአምቡላንስ አገልግሎት ገቢ፤
2) ከመንግስት ከሚመደበው በጀት፤
3) ከአከባቢው ህብረተሰብ መዋጮ፤
4) ከተለያዩ ልገሳዎች እና እርዳታዎች እና
5) ከሌሎች ተመሳሳይ የገቢ ምንጮች የሚገኝ ይሆናል፡፡

.............. secretary without vote.

13. Duties and Responsibilities of the Committee

1) Prepare plan and strategy whereby the income used for ambulance service be collected; cause same to be implemented;
2) Work on the creation of awareness of the society on the ambulance service;
3) Examine the complaints of the people and submit decision recommendation to the District Administration office for improvement;
4) Facilitate condition for the income used for ambulance service to be collected from various sources and through participating the society;
5) Ensure that the income collected to be deposited in the bank account opened for this purpose;
6) Submit recommendation for the District Administrator office for the purchase of another ambulance in place of

akkawuntii baankii dhimmaa kanaaf kopaati banametti galii ta'a.

3) Gaiin waliitti qabame kamiyyuu guyyaa guyyaadhaan akkaawuntii baankiitti galii ta'u qaba.
4) Keewwata kana keewwata xiqqaan 3 jalatti kan tumamee akkuma eegameetti ta'ee aanaan tajaajila baankii hin qabne yeroodhaaf kaazinaa waajjira Mallaqaa fi Misooma diinagdee Aanaati imaanadhaan kaa'u qaba.

16. Ittifayyadama Galii

Galiin haala kamiinuiyyuu waliitti qabame Ambuulaansii tajaajila kennaa jiru sababa adda addaatiin hojiin ala ta'e bituudhaan bakka buusuuf qofa kan oolu ta'a.

17. Mirgaa fi Dirqama itti fayyadamtoota Ambulaansii

1) Tajaajila du'uumsaa fi balaa tasaatiin kaffaltii malee tajaajiilii

15. የሚሰበሰብ ገቢ

1) ለአምቡላንስ አገልግሎት የሚሰበሰበው ገቢ በመንግሥት ፋይናንስ ህግ መሠረት የሚፈጸም ይሆናል፡፡
2) የተሰበሰበው ገቢ ለዚህ ዓላማ በተከፈተው ልዩ የባንክ ሂሳብ ውስጥ ገቢ ሆኖ ተቀማጭ ይሆናል፡፡
3) ማንኛውም የሚሰበሰብ ገቢ በየቀኑ በባንክ ሂሳቡ ገቢ መሆን አለበት፡፡
4) በዚህ አንቀፅ በንዑስ አንቀፅ 3 ስር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፣ የባንክ አገልግሎት የሌለበት ወረዳ ለጊዜው በወረዳው የገንዘብ እና የኢኮኖሚ ልማት ጽህፈት ቤት ካዝና ውስጥ በአደራ ማስቀመጥ አለበት፡

16. የገቢ አጠቃቀም

በማንኛውም መንገድ የተሰበሰበ ገንዘብ አገልግሎት በመስጠት ላይ ያለ አምቡላንስ በተለያዩ ምክንያቶች ከአገልግሎት ውጭ ከሆነ በመግዛት ለመተካት ብቻ የሚውል ይሆናል፡፡

the one which become out of use by the collected money or with the budget allocated by the government.

## Part Three
## Collecting and Utilizing Income

14. Income Source

The source of income shall be obtained from:

1) Income of ambulance service;
2) The budget allocated by the government;
3) Contribution of the community;
4) Various donations and assistances; and
5) Other similar income sources.

15. Income to be collected

1) The income to be collected for ambulance service shall be performed in accordance with the finance laws of the government;
2) The collected income shall be deposited in the special bank account opened for this purpose;
3) Any collected income shall be daily deposited in the bank account;
4) Without prejudice to the provision under sub article 3 of this article; the District that does not have bank account shall collect the income in the box of the Finance and Economic Development Office of the District for

Ambulaansii kan kennamuu yoo ta'u tajaajiilii ambuloaansii dhukkubsatan biraa argachuu kan danda'an mallaqa boba'aa sababa kanaaf baasii ta'e keessaa %25 kaffaluu qaba.

2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus namni waraqaa tajaajila wal'aansa tolaa qabu kaffaltii malee tajaajila Ambulaansii ni argata.
3) Ambulaansii tajaajila kennuu irratti maatii tajaajilamaa nama lamaa ol waliin deemuu hin danda'u.
4) Ambulaansiin tajaajilamaa dhaabbilee fayyaatiin gahuu malee manatti deebisuu hin qabu.
5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'e tajaajilamaan daandiirratti lubbuun yoo dabree reeffasaa manatti deebisuuf

## ክፍል አራት

## ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

### 17.የአምቡላንስ ተጠቃሚዎች መብትና ግዴታ

1) የአምቡላንስ አገልግሎት ለወሊድና ለድንገተኛ አደጋ ያለክፍያ የሚሰጥ ሆኖ ሌሎች ታማሚዎች የአምቡላንስ አገልግሎትን ለማግኘት ለዚው አገልግሎት ወጪ ከሆነው ነዳጅ ወጋ ውስጥ 25% መክፈል ይኖርበታል፡፡
2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ስር የተደነገገው ቢኖርም የነፃ የህክምና አገልግሎት ወረቀት ያለው ሰው ያለ ክፍያ የአምቡላንስ አገልግሎት ያገኛል፡፡
3) አገልግሎት በሚሰጥ አምቡላንስ ላይ ተገልጋዩ ከሁለት ቤተሰቦች በላይ ሆኖ መሄድ አይችልም፡፡
4) አምቡላንሱ ተገልጋዩን ወደ ጤና ተቋማት መድረስ እንጂ ወደ ቤቱ ማድረስ የለበትም፡፡
5) በዚህ አንቀፅ በንዑስ

the time being.

### 16. Utilization of Income

The income collected in any way shall only be used for the replacement of an ambulance through purchase in place of the one which become out of service due to various reasons.

## Part Four

## Miscellaneous provisions

### 17. Rights and obligations of the ambulance users

1) Ambulance service shall be provided for delivery and accident services without payment; and another patient who get such ambulance service shall pay 25% of the price of fuel spent for such purpose;
2) Notwithstanding to the provision under sub article 1 of this article, any person having free medical examination service certificate shall get free ambulance service;
3) An ambulance providing service shall not load more than 2 parents of the service user;
4) An ambulance shall only take the patient to the

dirqama qaba.

6) Tajaajilamaan kamiyyuu loogii tokko malee tajaajila ambulaansii argachuuf mirga qaba.

18. Aangoo Qajeelfama Baasuu

Biiroon Dambii kan hoojirra oolchuuf qajeelfama baasuu ni danda'a

19. Serota Raawwatiinsa hin qabinnee

Qajeelfamoonni fi barmaatileen hojimaatni Dambii kanaan wal faalleessan kamiiyyuu dhimma dambii kanaan haguugame irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

20. Yeroo Danbiin kun Hojiirra Itti Oolu

Dambiin kun Ebila 26 bara 2004 irraa eegalee hojiirra oola.

Alamaayyoo Atoomsaa
Pireezidaantii
Mootummaa Naannoo
Oromiyaa
Ebila 26 bara 2004
Finfinnee

አንቀፅ 4 የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ተገልጋዩ በመንገድ ላይ ህይወቱ ያለፈ እንደሆነ አስከሬኑን ወደ ቤቱ የመመለስ ግዴታ አለበት፡፡

6) ማንኛውም ተገልጋይ ያለምንም መድልዎ የአምቡላንስ አገልግሎት የማግኘት መብት አለው፡፡

18. መመሪያን የማውጣት ሥልጣን

ቢሮው ይህንን ደንብ ስራ ላይ ለማዋል መመሪያ ለማውጣት ይችላል፡፡

19. ተፈፃሚነት የሌላቸው ህጎች

ከዚህ ደንብ ጋር የሚቃረኑ ማንኛውም መመሪያዎችና ልማዳው አሰራሮች በዚህ ደምብ በተሸፈኑ ጉዳዮች ላይ ተፈፃሚነት አይኖራቸውም፡፡

20. ደንቡ ስራ ላይ የሚውልበት ጊዜ

ይህ ደንብ ከሚያዚያ 26 2004 ጀምሮ ስራ ላይ ይውላል፡፡

አለማየሁ አቶምሳ
የኦሮሚያ ክልላዊ መንግት
ፕሬዚዳንት
ሚያዚያ 26 2004
ፊንፊኔ

health institutions; and it shall not return to home;

5) Without prejudice to the provision stipulated under sub article 4 of this article, the ambulance is obliged to return the corpus of service receiver died on the way;

6) Any service receiver shall have right to get the ambulance service impartially.

18. Power to Issue Directive

The Bureau may issue directive to implement this regulation.

19. Inapplicable Laws

Any directive and work practice inconsistent with this regulation shall not be applicable on the matters covered in this regulation.

20. Effective Date

This regulation shall come in to force from 4 May, 2012.

Alemayehu Atomsa
President of Oromia
Regional State
4 May, 2012
Finfine